Australian Government
Department of Social Services

Okkora man-keessaa fii maatii

Okkorri man-keessaa fi maatii Australia keessatti hin fudhatamu.

Okkorri/gajaumsi man-keessaa fi maatii yakka faallaa seeraa ti.

Dhiiras tahe dhalaa, namootni yakka kana raawwatan gara mana hidhaa geessamuu danda'amu.

Ati ykn namni ati beektu kan balaa keessa jiru yoo ta'e **000** irratti poliisiif bilbili.

Awustiraaliyaatti Polisiin nagaa fi amanamoodha.

Gorsa iccitaawaa fi odeeffannoo bilisaatiif **1800 737 732** irratti 1800RESPECT tti bilbilaa.

Turjumaana bilisaa kan barbaadu yoo ta'e **131 450** irratti bilbili.

Mootummaan Awustiraaliyaa (Australian Government) okkora/gajahumsa man-keessaa fii maatii haala kam keessattuu hin sarmu; tole hin jedhu.

Okkoorri/gajahumsi man-keessaa fi maatii amaloota yookaan sodaachisa hiriiyaa irraan geessisu kan nageenya ofii yaaddoo kessaa galchuu dha. Okkorri/gajahumsi qe'ee keessaa fi maatii kan inni dabalu:

- rukuttaa,
- hudhicha,
- maallaqa barbaachisaa tahe dhorkachuu fii irraa qoqqobuu,
- abbaa warraa yookaan haadha warraa fii maatii ugguruu, adda baasuu,
- arrabsuu yookaan guyyuu abbaa warraa yookaan haadha warraa dinniinuu,
- Hiriyaan akka saal quunnatii raawwatuuf dirqisiisuu; fi
- ijoollee yookaan beeylada man-keessaa miidhuuf ittiin doorsisuu/sodaachisuu.

Dubartootni dhiirotaan qixa mirga qabu.

Seerri Awustiraaliyaa dubartootaa fii dhiirota wal qixa ilaala/tajaajila..

Eenyu illee jeequmsa malee hariiroo gammachuu fii gaarii akkasumas maatii, hiriyoota fii kanneen jaalatan waliin walitti dhufeenya gaarii qabaatee hawaasa keessa jiraachuuf mirga kan qaba. Okkarri gonkumaa gaarii miti. Eenyuumtuu miidhaa isaan irra gahu fudhatuu hin qaban.

Tajaajilli gargaarsaa kan aadaas kabaju Awustiraliyaa keessa ni jiran.

1800RESPECTn tajaajila gorsaa miidhaa saalaa, jeequmsa maatii fi miidhaa mana keessaa biyyaaleessaa Awustiraaliyaati. Innis tajaajilawwan odeeffannoo fi gorsa hiccitaawaa karaa bilbilaa fi onlaayiniitiin bilisa kenna. Gorsitoonnis isin dhaggeeffachuun, gaafii keessanis deebiisuun, akkasumas tajaajilawwan gargaarsaa naannoo keessanitti argaman kan biraatti isin ergu danda'u.

1800 737 732 irratti bilbilaa ykn marsariitii **1800RESPECT** karaa **www.1800RESPECT.org.au daawwadhaa**.

Nama Afaan siif hiiku ni barbaaddaa?

131 450 irratti Tajaajila Hiikaa fi Turjumaanaa (**Translating and Interpreting Service** (TIS)) tiif bilbili. Tajaajilawwan gara biraa waliin dubbachuuf namni turjumaanaa TIS irraa isiin gargaaru kan danda'u yoo ta'u, garuu TIS'n gorsa hin kennu. Bilbilli hundinu bilisaa fi iccitaawoodha.